Hijraan Sahaabonni Gara Habashaa Taasisan Yeroo Meeqa?

Hijraan isaanii kun yeroo lama; hijraa 1ffaa fi 2ffaa jedhamee kitaabota seenaa Islaamaa hunda keessatti beekkama.

Hijraan tokkoffaa sahaabota nama15 yoo ta'u, dhiiraa 11 fi dubartoota 4 of keessaa qaba.[37] Hijraa tokkoffaa keessa hangaftoonni sahaabaa kan jiran yemmuu tahu, kan akka: Usmaan Bin Affaan, haadha manaa isaa Ruqiyyaa intala Rasuulaa (S A W).[38] akkasuma Abdurrahmaan Ibni Oowfiitii fi Mus'ab Ibni Umeyrii fa'atu keessa jira.

Hijraan 2ffaa immoo nama 82[39]: Isaan keessaa dubartiin 18 turte. Sahaabonni hijraa 2ffaa tana keessa jiran kan akka: Ja'far Ibni Abii Xaalib haadha manaa isaa Asmaa Binti Umeysii woliin, Ubedillaah Bin Jahash, haadha warraaa isaa ummi Habiibaa Binti Abii Sufyaan, Abdallaah Bin Mas'uudii fi Miqdaad Bin Aswad[40].

Hogganaan isaanii Ja'afar Bin Abii Xaalib ilma abbeeraa Nabiyyiiti (SAW). Sahaabonni kunniin biyya Habashaa keessa gaafii fi rakkoo tokko malee qubatanii nagahaan amantii isaanii oofataa (geggeeffataa) turan. Haata'u malee kaafirtoonni Makkaa (Qureeyshii) waahee kana dhageennaan aaranii garaan isaanii gubatee; akkamitti aangoo keenna jalaa bahanii jiraatan jedhanii mala Sahaabota gara biyyaa deebisaniin barbaadatan.

---

[37] Ibnu sa'ad, Xabaqaat al-kubra p:206. Imaam Muhammad Ibni Yuusuf, Subulul-hadyi worrashaadii fi hadyi keyril-ibaad p:482

[38] Dr.Muhammad Taaj, Taariku Itoophiyaa p:230 . Ibnu Hajar , Fathul-baarii Jildii 6ffaa P:31. Ibni Kasiir, Assiiratu Al-Nabawiyyaa kitaaba 2ffaa p:5

[39] Imaam Al-xabraanii, Taariikul-Umami wal-muluuk p:547

[40] Muhammad Taaj, Taariku Itoophiyaa p:241

Nama lamaa *hadiyyaa* (kennaa mootichaaf kennamu) itti kennanii gara Najaashii ergan. Hadiyyaa kana fudhatee warroota nujalaa biyyaa badan mootichi akka gara biyyaa nuudeebisu taasisaa jedhan. Isaan lamaan Makkaan irraa ergamanii Najaashitti dhufan. Hadiyyaa qabatanii dhufanis itti kennanii akka sahaabota baqatanii isaan jalaa dhufan gara biyyaa nuu deebistu jedhanii isa gaafatan. Ergamtoonni warra Makkaa lamaan "Amri Bin Al-Aasii fi Abdallaah Ibnu Rabii'aati".[41]

Najaashiin sahaabota yaamee sababa biyyaa isaan baase gaafate. Sahaabonni Ja'afar Ibn Abii Xaalib akka isaan irraa bakka bu'ee akka dubbatu wolii galan. Inni isaan irraa bakka bu'ee deebii gahaa Najaashiif kenne. Qur'aana suuraa Maryamii isarratti qara'e. Najaashii Rabbiin qalbii isaa keessatti iimaana darbee booyee imimmaan areeda isaa irra yaa'e. Sababuma Aayanni Rabbii isarratti qara'amnaan booye kanaaf Rabbiin aayata Qur'aanaa buusee akkana jedhe:

﴿ وَإِذَا سَمِعُوا۟ مَآ أُنزِلَ إِلَى ٱلرَّسُولِ تَرَىٰٓ أَعْيُنَهُمْ تَفِيضُ مِنَ ٱلدَّمْعِ مِمَّا عَرَفُوا۟ مِنَ ٱلْحَقِّ ۖ يَقُولُونَ رَبَّنَآ ءَامَنَّا فَٱكْتُبْنَا مَعَ ٱلشَّٰهِدِينَ ﴿٨٣﴾ ﴾ المائدة: ٨٣

"Yeroo waan gara ergamichaa buufame (Qur'aana) dhagayan, sababaa dhugaa beekaniif jecha kan ijji isaanii imimmaan dhangalaatu argita. Ni jedhu: "Gooftaa keenya! nuti amannee ragoota wajjiin nu barreessi"[42] warroota tokkochummaa Rabbii ragaa bahe keessa nu oolchi jechuudha. Rabbiin isaan kanatti kan fedhe Najaashii fi warroota isa waliin jiran tahuu mufassirtoonni hedduun dubbatanii jiran. Kana males haasofni jidduu Najaashiitii fi Sahaabotaatti taasifame ni jira; kitaaba Taariiku Ityoophiyaa

[41] Muhamad Taaj, Taariku Ityoophiyaa p:256
[42] Suuratu Al-Maa'idaa, Aayata:83

jedhamu irraa dubbisanii hubachuun ni danda'ama.[43]

Kana booda Najaashiin ergamtoota warra Makkaatiin hadiyyaa (wanta naa fiddan) fudhadhaatii ammaan tana narraa deemaa ani kennaa keessan hin barbaadu. Rabbiin kiyya yeroo angoo kiyya natti deebisu mattaa'aa (gubboo) narraa hin fudhanne jedhee uf irraa ari'e. Ergamtoonni Makkaa akkasitti wonta barbaadan dhabanii uffata salphinnaa lafarra harkisaa gara Makkaa deebi'an.[44]

Sahaabotaan immoo Najaashiin akkana jedheen: "isin biyya tiyya keessatti nagaha tahoodhaa,[45] namni isin tuqe ykn isin rakkise adabbii cimatu isa irratti fudhatama. Worqii gaaratti qixxaahu fudhadhee isin keessaa namni tokko rakkoon isa tuquu hin jaaladhu" jedheen.[46] Sahaaboonni erga sanii woggoota hedduuf nagahaan rakkoon tokko osoo isaan hin tuqin biyya Habashaa keessa turan.

Erga kanaa Sahaabonni woggoota hedduu biyya Habashaa keessa turan. Ilmaan 24 Habshatti isaaniif dhalatan. Namoonni 16 achitti du'an. Akka kitaabonni seenaa hedduun dubbatutti; waggoota kudha shan (15) biyyattii keessa turan. Waggoota turan kana keessatti Islaamumma haala gaariin babaldhisaa turan, namoonni hedduunis amantii Islaamaa qabatuu danda'anii jiran.[47]

Kana booda laakkofsi Muslimootaa baay'annaan gara mootummaa Islaamaa hundeeffatuutitti dabran. Haaluma saniin itti fufuudhaan

---

[43] Muhammad Taaj p:256

[44] Taariiku Ityoophiyaa p: 262

[45] Hasan Ibraahim, Taarkul-Islaam Addilnii kitaaba 1ffa, p:76

[46] Muhammad Taaj, Taariiku Ityoophiyaa p261

[47] Dr.Abdushakuur Muhammadamaan, Hal-ta'arifu sha'aba Oromoo al-muslim (kan hin maxxanfamin).

mootummoonni Islaamaa torba hundeeffamtee jirti. Waaheen mootummoota torbanii (7) boqonnaa 3^ffaa keessatti ni dubbatama.

Muslimoonni Biyya Habashaa Maaliif Banuu Dhaban?

Muslimoonni bara Rasuulaa (SAW) irraa jalqabanii biyyoota yeroo san keessatti jira kanneen babaldhatiinsa amantii Islaamaa afoo (fuuldura) dhaabatan, tan muslimoota rakkisaa turan biyyoota gurguddoo tan akka: Faaris, Ruum, Misraa fi kkf bananii tooyannoo Islaamaa jala galchanii turan. Biyyoonni tunniin Madiinaa (qubsuma mootummaa Islaamaa) irraa fageenyatti kan argamaniidha. Biyyi Habashaa immoo baay'ee isaanitti dhihaatti turte. Kanuma waliin Muslimoonni biyya Habashaa akka biyyoota biraa lolanii hin banne. Maliif loluu dhaban gaafii jedhuuf deebiin akka asii gadii kana taha.

Sababni Muslimoonni biyya Habashaa banuu dhabaniif:

1. Najaashiin mootummoota xalayaan itti ergaman keessaa kan amantii Islaamaa fudhate isa qofa tahu,
2. Habashaan biyya sahaabota qubsiifte tahuu,
3. Rasuulli Rabbii (SAW) akkana jedhan:

(دعو الحبشة ماودعوكم، واتركوا الترك ماتركوكم) Habashaa dhiisaa hin tuqinaa waan isaan isin dhiisaniin, biyya Turkiillee dhiisaa waan isaan isin dhiisaniin"[48].

4. Guyyaa baniinsa Kheybar Rasuulli (SAW) galiinsa Ja'afarii fi sahaabota isa waliin jiran kan gaafa san Habashaa irraa dhufan arganii gammachuudhaan akkana jedhan:

[48] Hadiisni kun sahiiha tahuun isaa jalqaba kitaaba kanaa keessatti dubbatamee jira.

(لا ادري بايها افرح، بفتح خيبر ام بقدوم جعفر) *"Injifannoo Kheybariitiin gammada moo galiinsa Ja'afariitiin gammadaa walii hin beeku"*[49] jedhan. Sahaabota Habashaa irraa galan waliin keessummaan Najaashiin erges nijiran. Isaan kana Rasuulli (SAW) matama isaaniitii keessummeessuu jalqabnaan Sahaabonni nutu isin irraa bakka bu'ee keessummeessaa jennaan:

(إنهم كانوا لاصحابي مكرمين فاردت أن أكافئهم بنفسي) *"Isaan sahaabota kiyya naaf qubsiisanii naaf kabajanii waan jiraniif matama kiyyaa galata isaaniif deebisuu barbaade"* jedhanii yaada Sahaabotaa fudhachuu didanii ufumaa keessummeessan[50]. Kun kan muldhisu biyyi Habashaa ummata Muslimaa irraa galata qabaachuudha. Sababuma kanaaf Muslimoonni akka biyyoota biraa banan isii banuu dhiisan.

Hijraa Sahaabotaa irraa maaltu hubatama?

Hijraa Sahaabotaa kana irraa wonti hubatamuu qabu akka asiin gadii kana ta'a:

- Biyyi Habashaa (Itoophiyaa) seenaa amantii Islaamaa keessatti sadarkaa guddaa qabaachuu.
- Amantii isaaniitiif jecha biyyaa fi qabeenya isaanii dhiisanii bahuun sahaabotaa kun; amantiin wanta hunda dursa jechuu agarsiisa.
- Amantii irratti rakkachuun, biyyaa ari'amuun waan haarawaa miti; kan baroota dheeraa ture tahutuunsaa ifa galaadha.
- Namni Rabbiif jecha rakkatee biyya isaatii ari'ame Rabbiin qubsuma akka isaaf godhu (baldhinnatti akka isa baasu) hijraa kana irraa ni hubatama.
- Diinni Islaamaa waan danda'e hundaan amantii balleessuu yaalus, balleessuu akka hin dandeenye seenaan sahaabotaa kun ragaadha.

---

[49] Hadiisa kana Xabraanii fi Haakim gabaasee jira. (Taariku Itoophiyaa, p:300)

[50] Sayid Muhammad Saadiq, p: 8

BOQONNAA – 2

ISLAAMUMMAA FI UMMATA OROMOO

(الإسلام وشعب أورومو)

Hundee Ummata Oromoo

Waahee Islaamummaa ummata Oromootitti osoo hin seenin dura waahee ummata Oromoo irraa wantoota beekkamuu qabu hanga tokko keessa bahuu barbaada.

Ummanni Oromoo ummata Baha Afrikaa keessa jiraatu yootahu, ummatoota Afrikaa keessaa baay'inaan sadarkaa 3ffaa irratti kan argamu tahuu barreessitoonni seenaa ibsanii jiru. Akka Pirofeesar Hasan Makkiin dubbatanitti; Ummata Afrikaa keessaa kan baay'innaan Oromoo caalu ummata Foolanii fi Howsaa qofa.[51]

Hundeen ummata Oromoo eessa jechuu irratti barreessitoonni seenaa yaada gara garaa dhihessanii jiran. Gariin isaanii ummanni Oromoo biyya Eshiyaa jidduu Hindiyaatii fi Chaaynaa irraa dhufe yoo jedhan, gariin isaanii immoo Iddoola *(island)* Madagaskaar jedhanii jiran. Jaziiraa Arabaa irraa dhufan worri jedhus ni jiru.

Gareen biraa immoo ummanni Oromoo baha Soomaalee irraa dhufanii jidduu laga Waabeetii fi Galaana Diimaa *(khaliija Adan)* bakka jedhamu qubatan jechuu ibsanii jiran[52].

Seenaa barreessaan Yahuudaa (Ayihuudii) "Abbaa Belzezar" jedhamu immoo ummanni Oromoo "Israa'iil" irraa dhufe jechuu akkanatti ibsee jira: "Oromoon kolonii Israa'iil kan ture yoo tahu, yeroo Israa'iloonni faffaca'an ummanni Oromoo Afrikatti ce'ee

---

[51] Hasan Makkii, Diraasaatu Ifriiqiyaa (Al-Oromoo) p.89

[52] Dr.Muhammad Taaj,Taariiku Ityophiyaa, p:145-6

naannoo kaaba-baha Afrikaa keessa qubate" Abbaan kitaaba Seenaa fi Qabsoo Oromootaa yaadni kun kan hin fudhatamnee fi hin dhugoomsamne tahuu ibsee jira[53].

Barreessaan seenaa Oromoo beekkamaan Sh/Bakrii Saaphaloo[54] kitaaba isaanii *"Irsaal As-sawaariik ilaa samaa'i Al-taariik"* [55] (ارسال الصوارخ الى سماء التارخ في الكشف عن تاريخ الغالا) jedhamu keessatti, yaadota asiin olitti dubbataman kanneen wolitti dhiheessuudhaan yaada jiddu galeessaa lafa kaayanii jiran:

---

[53] Muhammad Sayid Abdurrahmaan, Seenaa fi Qabsoo Oromootaa, p:17

[54] Maqaan isaanii guutuun: Shekh Abuu Bakr Usmaan Odaati. Sh/Bakrii Saaphaloo jedhamanii wanti beekkamaniif; Gandi isaan itti dhalatan ykn yeroo jalqabaatiif bakki itti barsiisan "Saaphaloo" jedhamee waan yaamamuufi. Baha Oromiyaa naannoo Hararitti dhalatan. Achumatti barumsallee baratan, Qur'aanas qomaan haffazanii turan. Nama qubee afaan Oromoo tan adda taate matama isaaniitii qopheessaniidha (Qubee Laatinii tan amma itti fayyadamnu tana osoo hin taane qubee bifa addaati). Qubeen isaan qopheessan tunniin qubee dubbifamtuu {38} fi dubbachiiftota (5) irraa kan hundeeffamteedha. Qubee Hindii fakkaatti. Aalimni kun beekkumsa afaan Arabaa, kan shar'iaa islaamaa, akkasuma kan aqliitii fi naqlii (sammuutii fi barnootaa) keessattis dandeettii guddaa qaban. Beekkumsa akka Hadiisaa, Fiqhii, Manxiqa,Taariika, Jograafii fi Falakaa (beekkumsa uumamtoota hawaa keessatti argamanii) keessatti beektota yeroo isaanii hunda caalanii turan. Kitaabota hedduus barreessanii jiran. Galmee wolalaoo afaan Arabiitii fi Oromiitis niqaban. kitaabota isaan barreessan keessaa: kitaaba Tariku Harar, Irsaal as-sawaariik ilaa samaa'i attaariik, Janyu zawaat ashamaariik min Hadaa'iq attawaariik,miftaah annawwaal fi makhxuux al-xuul wa khuxuux al-zawal fi kkf.kitaabotni isaanii gariin yeroo mootummaa Habashootaa keessa gubamee jira. Bara 1980 tti biyya Somaalee keessatti dhibee *"Faalij"* jedhamuun du'an. Rabbiin rahmata isaa baldhaa keessa isaan haacuuphu. (Tariku Ityophiya, Dr.Muhammad Taaj, p.147 fi Diraasaatu Ifriiqiyaa,Hasan Makkii p.90)

[55] Hiikkan maqaa kitaaba kanaa: "Misaa'ila erguu gara Samii seenaatitti" jechuudha.

"Ummanni Oromoo duraan kan jiraataa turan biyya Eshiyaa jidduu biyya Indiyaatii fi Chaaynaati, yeroo biyya kana irraa baqatan bakka lamatti qoodamanii karaa lama qabatan: gareen tokko gara Iddoola (island) Madagaskaar deeman. Achi irraan karaa buufata Doonii Mombaasaatiin gara biyya Ityoophiyaa seenan. Gareen kuun immoo (isaan heddumminna qabaniidha) gara Eddoola Arabaa deeman, achi irraa karaa Baabal-Mandabiin gara biyya Ityoophiyaa seenan. Yeroon isaan garana dhufan kun waggoota 7000 ykn 5000 dhaloota nabi Iisaa (A.S) dura".[56]



Sh/Bakrii Saaphaloo



Siidaa yaadannoo isaaniif dhaabame[57]

Gara biraatiin immoo Sh/Bakrii Saaphaloo biyya tana keessa dursanii kan qubatan ummata biraa dura ummata Oromoo tahuu ibsaniiru. Waahema kana irratti gaafii fi deebii armaan gadii kana dhiheessanii jiran:

"Ummata Oromoottu gara biyya tanaa dursee dhufe moo hundeeffama mootummaa Habashootaati?

Deebiin isaa kennuu irratti akkana jedhan: "Ummanni Oromoo gara biyya tanaa kan dhufe dhaloota Nabi Iisaa (AS) dura woggoota

[56] Sh/ Bakri Saaphaloo, Irsaal as-sawaariik (kan hin maxxanfamin).

[57] Siidaa kana irratti suuraa Sh/Bariitii fi Qubee addaa tan Afaan Orootiin isaan qopheessantu muldhata.